# Mu’uminni dhiiraa tokko mu’umina dubartii hin jibbin, yoo amala ishee tokko jibbe kan biraa irraa jaalata

Abuu Hureyraa irraa odeeffamee Rabbiin irraa haa jaallatu akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhan: «Mu’uminni dhiiraa tokko mu’umina dubartii hin jibbin, yoo amala ishee tokko jibbe kan biraa irraa jaalata» Yookaan akkana jedhan: «kanaan ala».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- abbaan manaa haadha manaa isaa jibbaa ishee miidhee ishee dhiisuu fi irraa gargaluu biraan isa gayu jibbuu irraa dhoorgan; Sababni isaas ilmi namaa hir'ina irratti uumame waan ta'ee jecha, amala badaa tokko yoo kan irraa jibbu ta'e, amala biraa gaarii irraa arga ta'a, Amala gaarii irraa arge sana ni jaallata, amala badaa san irratti obsa, kun akka inni obsa qabaatu fi jibbaa sadarkaa ishee waliin adda bahuu biraan isa gayu akka ishee hin jibbine isa taasisa.